
# Manneen Barnootaa Mootummaa Siyaatil  (SPS ) Hundaaf



**Manneen Barnootaa Mootummaa Siyaatil Keessatti Barattoota Hundaa Kabajachuu :**

Manneen Barnootaa Mootummaa Siyaatil (MBUS -SPS) keessatti ,  barattootaa fi maatii afaanota 150 ol dubbataniifi biyyoota ka'umsaa 150 ol bakka bu'insaan  tajaajiluun keenya ni boonna. Mana barumsaa hunda keessatti barattootaa fi maatii LGBTQ+, barattootaa fi maatii Gurraacha fi dhalootaan jiraatan, barattootaa fi maatii halluu qaban, kanneen amantii adda addaa irraa dhufan, fi kanneen dandeettii adda addaa qaban tajaajiluun keenyaaf  ni boonna. Heddumina keenya humna keenya.

**BAKKA  BU'INSA** : Barattoonni hundiINUU  aadaa fi eenyummaan isaanii mana barumsaa keessatti kitaabota, qabiiyye barnootaa  fi bakka bu'uu arguun isaaniif tola .  Waa'ee hawaasa adda addaa barachuun barattoonni lammiilee gara laafessa addunyaa adda addaa fi jijjiiramaa jirtu akka ta'aniif qopheessuuf gargaara. Barattoonni hundi waa'ee hiriyoota isaanii waliin akka baratan ni deeggarra. Waa'ee eenyummaa ykn garee namootaa barachuu keessaa bahuun filannoo hin jiru.

**KABAJAA**: Barnoonni barattoota gidduutti wal hubannoo, kabajaa fi gaarummaa ijaaruuf furtuudha. Barnoonni waa'ee aadaa fi hawaasa bal'aa, miidha hir'isuu fi manneen barnootaa nageenya qaban, simannaa gaarii qaban akka uumu agarsiifameera. Barnoota qulqullina olaanaa qabu dubbisuu, barreessuu, STEM( Saayiinsi , teeknologii inginaringii herrega )   fi gosoota barnootaa biroo cinatti waa'ee eenyummaa barachuun barattoota haala gaariin guutaman kanneen erga eebbifamanii booda hawaasa aadaa hedduu qabu keessatti milkaa'uuf qophaa'an uuma.

***Maatiin barsiisota barattoota keenyaa isa jalqabaa fi barbaachisoo dha.***

SPS maatiin ijoollee isaanii wajjin waa'ee gatii aadaa fi amantaa mataa isaanii akka haasa'an jajjabeessa. Barumsi mana barumsaa keessatti kennamu mana keessatti haasawa hiika qabuuf carraa uuma. Maatiin ergaa gaarummaa, fudhatama, fi bullying dura dhaabbachuu akka nu waliin ta'an abdii qabna.

## *Nuti* Manneen Barnootaa Mootummaa Siyaatil *SPS: HUNDAAF.*




Seattle Public Schools

Policy 0030 - Board Resolution 2019/20-28 - Policy 2015 - 3210 Nondiscrimination Policy - Policy 0100